Duuka Bu’iinsa Tuxuqaa COVID-19: Akkamiin akka Hojjatu

Duuka bu’iinsi karaawwan ittiin tatamsa’ina COVID-19 dhaabuuf gargaaran keessaa tokko ta’u dhagayuu maltan.

Garuu duuka bu’iinsi tuxuqaa maaliidha?

Duuka bu’iinsi namoota COVID-19n qabaman barbaaduudha- isaan ofirratti beekhuu dhabuu nimalan- kanaafuu akka namoota biraatti hindabarsiineef akka mana turanii fi namootarraa fagaatan itti himuudha.

Namni tokko erga COVID-19n qabameen booda, guyyoota 2 hanga 14tti keessattu namoota biraatti dabarsuu eegala. Yeroo kanattis, dhukkubbiin itti hindhagahamu ta’u danda’a garuu namoota biraatti dabarsu ni danda’u.

Kunis haala ittiin namoonni baayyeen ittin qabamaniidha.

Duuka buu’iinsi haala rakkoon kun furmaata itti arkatu keysaa tokkoodha.

Innis akkasiin hojjata:

Kutaan Fayyaa Minneesotaa namoota COVID-19 qoratamuun poozatiivii ta’an hunda oduu isaa ni argata. Ati COVID-19f qoratamtee yoo poozatiivii taatee, af-gaafataa dhimma COVID-19 irraa siif bilbilama. Yeroo tokko tokkoos duukaa buutoota teessoo jedhamu. Af-gaafattoonni dhimmaas bulchiinsa, ganda, ykn kutaawwan fayyaa hawaasa gosaatiif hojjatu.

Af-gaafattoonni dhimmaas waa’ee COVID-19 irratti odeeffannoo siif kennuuf, waa’ee fayyaakee si gaafachuuffi gaaffiiwwan kee siif deebisuuf bilbilu. Jalqaba, waan Akeekkachiisa Tennessen jedhamu tokko siif dubbisu. Odeeffannoon kunis waa’ee icciitiifi yoo odeeffannoo fayyaa kee qooduuf hayyamte kan si gaafatuudha. Odeeffannoon keetiis hayyama kee malee eenyu waliinu qoodamu hindanda’u.

Akkasumas osoo qorannoon kee poozativii hinta’iin guyyoota muraasaan dura eenyu waliin tuxuqaa akka qabdu si gaafatu. Waliigalattis, kan nama COVID-19n qabame waliin daqiiqawwan 15 oliif walitti dhiheenyaan dabarse kamuu tuxuqaa qaba jedhama. Af-gaafataan dhimmaa eenyuu akka tuxuqaa qaba jedhamu adda baasuuf si gargaara.

Af-gaafattoonni ummata ati waliin tutuqiinsa waliin qabaatteef bilbiluun akka qoratamaniif itti himu. Maqaa kee ykn odeeffannoo dhunfaa kee kamiyyuu hayyama kee malee hinqoodan. Guyyaa si waliin tuxuqaa dhiheenyaa taasisan dhumaa irraa kaasee, guyyoota 14f akka mana turan itti himu. Isaanis mana yoo turan, jarmiin isaanis mana tura.

Duuka bu’iinsi tuxuqaa gargaarsa kee qofaan hojjata.

Af-gaafataan yoo siif bilbile, bilbila kee kaasuu mirkanneeffadhu. Bilbilli isaanii yoo si jala darbe, ergaa siif kaa’u. Deebiifte bilbiluuf mirkanneeffadhu.

Af-gaaffattoonni yeroo hundumaa eenyu akka ta’an, eenyuuf akka hojjataniifi waa’ee COVID-19f akka bilbilaa jiran sitti himu. Gonkumaa waa’ee immigreeshinaa, maallaqaa, ykn waa’ee lakkoofsawwan baankii kee, kaardii keediitii, lakkoofsa Social Security Number si hingaafatan.

Afaan Ingiliziitiin dubbachu kan hinbarbaanne yoo ta’e, af-gaafataan dhimma kana akka beeku itti himaa. Nama afaan kee dubbattu ykn turjumaana bilbilaatti fayyadamu kan biraa argachu danda’u.

Af-gaaffattoonnis - dhiimmoota akka akkamiin namoota si waliin jiraatan akka itti ittiftuu fi akkamiin nyaata, qorichaa fi dhimmoota nagaan mana keessa turuuf si barbaachisan kan biraa itti argatturratti odeeffannoo si waliin ni qoodu.

Waliin ta'uun, duuka bu'iinsa tuxuqaafi af-gaaffattoota dhimmaatti gargaaramuun tatamsa'ina COVID-19 hir'isu ni dandeenya. Gahee keessanii raawwachu keessaniif galatoomaa.

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

10/19/20 (Oromo)

Odeeffannoo kana danaa biraatiin argachuuf: 651-201-4989 irratti bilbilaa